Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate

Mootii Daawwiti (Kutaa 2)

Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Lazarus, Alastair Paterson

Kan dagaagsame: Ruth Klassen

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2024 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Kibba Israa'elitti Daawwiti mootii Yuudaa ture. Garuu guutummaan Israa'el Ish-Bosheetiin dhhunfatamee jira, ilma mootii Saa'ol, Lolli waliin waliin waggaa torbaaf isaan gidduutti ta'e. Yeroo kanatti Daawwiti daran jabaachuun guddachaa dhufe.



Xumura iratti mootiin Ishi-Bosheeti ilmaan isaa loltuu lamaan ajjeefame.



3

Isa booda Sabin Israa'eel hundi gara Daawwiti isa dibamee ta'uun mootii ta'eef. Saba Isaraa'el hundumaa irratti yeroo dhumaaf Daawwiti mootii ta'e.



4

Daawwiti gochaa isaa isa jalqabaatiin Yarusaalemiin to'ate. Magaalaa Daawwiti jechuun beekamte. Akka isheen lammaffaa diinaan hin weeraramnetti irra deebi'ee magaalaa Yarusaaleemiin ijaare.



5

Daawwiti itti aansuudhaan, gabatee kakuu Waaqayyoo gara Yarusaalemitti fide. Gabateen kakuu sun abboommii Waaqayyoo kurnanii fi koppii seerora biroo Waaqayyoon Museetti laataman ofi iirraa qaba. Gabateen kakuu Waaqayyoo guddummaa Waaqayyoo fi barbaachisummaa isaaf abboomamuu saba Israa'eliin yaadachiise.



6

Utuu gara mootii ta'utti hin dhufin dura Daawwiti dirree lolaa danuu irratti hirmaate ture. Yeroo kanatti Daawwiti loltuu abshaala, qajeelfamoota Waaqayyoo eeguuf kadhatu fi nama fuula Waaqayyoo duratti gad of qabu ture.



7

Daawwiti gabateen kakuu Waaqayyoo godoo keessa taa'ee inni mana gaarii keessa jiraachuu isaatti waan dhiphateef Mana qulqullummaa ijaaruuf murteesse. Raajiin Waaqayyoo Daawwiti yaada isaa kana akka raawwatuu itti hime.



8



Halkan sana, Waaqyyo ergaa Daawwititti erge. "Garbicha koo Daawwiti, Waaqayyo siin mana taasisa. Yeroo guyyichi ga'u abbootii keetii waliin itti in boqotta, ilmaan kee si boodaan dhufan mootii taasisa. Maqaa koof jecha manaicha in ijaaru masaraa isaan dhaaban immoo hamma barabaraatti in ta'a."

9

Daawwiti maatii Saa'ol gargaaruu barbaade. Sababa madaa'uutiin kan deemuu hin dandeenya Ilma Yoonaataan Mephibosheetii arge. "Akka ilamaan mootiitti maaddii hanyaatu," jedhe Daawwiti. Sababa abbaan isaa Yoonaataa michuu gaarii Daawwiti tureef Mephibosheetiif gaarummaa qaba.



10



Akkuma Daawwiti Waaqayyoon amanateen dubbii sagalee Waaqaa abboomameen, Daawwiti badhaadhummaatti akka ce'uuf Waaqayyo isa gargaare. Garuu guyyaa tokko gaaddidduun cubbuu tokko jireenya Daawwiti irratti kufe.

11



Halkan guyyaa tokkoo, rafuu dadhabe. Guutuu mmanaa irra ba'ee asiif achi deemee magaalaa ilaale.

12

Yeroo kanatti dubartii bareedduu dhaqina dhiqattu arge. Maqaan ishee Baat-Sheebaa jedhama. Abbaan manaa Baati-Sheebaa Uriyaan loltuu Daawwiti isa goota ta'us Daawiti Baat-Sheebaa waliin cubbuu hojjete. Isa booda ulfa ta'u ishee yeroo Daawititti himtu cubbuunsaa rakkoo dabalee uumaa akka jiru bare.





13



Bakka Waaqayyoon dhugaa ba'u Daawiti rakkoo isaa dhokisuuf dadhabe. Innis isa oolchuu hin dandeenye! Dirree waraanaa irraa Uriyaa gara manaatti waame, mucaan dhalachuuf jedhu akka kansaa isaa ta'uu isa abdachiise. Uriyaan garuu utuu hiriyooti isaa dirree lolaa irra jiranii mana taa'uu fedha isaa hin turre. Uriyaan balbala dura mootiitti rafe.

14

Daawiti cubbuu badaa dabalee hojjete. Xalayaa waliin Uriyaa gara dirree lolaatti deebisee erge. Xalayichi ajajaan waraanaa dirree lolaa irratti Uriyaan akka du'u egaa jedhu qabatee jira. Yeroo Uriyaan du'u Daawit Baati-Sheebaa haadha manaa godhatee.



15

Cubbuu Daawiti hojjete itti agarsiisuuf Waaqayyo garbicha isaa Naataaniin itti erge. Naataan oduu waa'ee nama sooressaa fi hiyyeessaa itti hime. Namichi sooresse hoolota dhibba tokko qaba. Namichi hiyyeessi garuu hoolaa tokkittii akka intala durbaa isaatti kan ilaalu qaba.

16

Yeroo imaltooti gara namicha isa sooressaa dhufan, isaan nyaachisuuf hoolota isaa keessa tokko hin qalleef, bakka isaa hoolaa isa hiyyeessaa fuudhee qaleef.



17

Ofjaalchuu namicha sooressaatti Daawit aare. Hin iyye, "Namichu akkas godhe du'uu qaba jedhe."

18

Yoonaataanis, "Ati namicha sana!" jedhee Daawititti hime. Waanti Daawit hojjete waan namichi sooressi oduu sana keessatti raawwateen oli.



19

Waaqayyo Daawiti cubbamaa akkamii akka ta'e itti agarsiise. Daawiti cubbuu hojjetetti in gaabbe. "Siyaakeera jedhee Daawit Waaqayyotti dubbate." Waaqayyos Daawiti dhiifama taasise. Garuu mucaan Baati-Sheebaa baayyee dhukkubsate, battaluma dhalatteen duute.

20



Waaqayyo cubbuu Daawitiif dhiifama taasise. Baati Sheebaan mucaa biraa Solomoon Daawititti aanee kan mootii ta'u qabdi ture. Garuu mootii Daawiti ijoollee biraa baayyee qaba ture, baayeen isaanii gadda taa'aniiru.

Mootii Daawwiti (Kutaa 2)

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Saamu'eela isa lammaffaa 1-12

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130

Xumurameera

21 60

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16